# Maaliif ilaalchi HIV SIIF akka barbaachisaa ta'e!

## Maliifan ilaalchaa 'HIV' godhachuu qaba?

- Yoo ati 'HIV' qabaatte doktooriin kee balleesaa 'HIV'n siisteema ofi eggitii kee irran ga'ha jiru hordofuu danda'a. Inni ykn isheen akka ati fayyaa fi yeroo dheera jiraattu sii gargaaru danda'a (dandeesi). AKKASUMAS yeroo ba'e gaari yoom akka waldhaansa qorchaa jalqabuu akka sii barbaachisu murteessuu sii gargaara (gargaarti).
- Yoo ulfa taate ykn ulfoftee, carraa 'HIV' mucaa keeti dabarsuu xiqqeesuu dandeesa.
- Yoo ati akka 'HIV' qabdu bartee, namni ati waliin qunnamtii saalaa gootu akka hin dhukkubsane eegu ni dandeesa.
- Yoo 'HIV' qabaatte, barbaachiisa dha namoota qunnamtii saalaa waliin goote, ykn namoota draaga waliin hirmaatte gargaarte akka isaan ilalcha 'HIV' godhatan goochun. Gorsaan (counselor) ilalchaa tokko ijoolle keefisi ilalcha barbaachisu fi hin barbaachisne murteessuu sii gargaara.
- Ali-tokko tokko namoonni dhirsa/niiti isaani ala qunnamtii saalaa godhu. Yoo dandeetiin dhirsi/niitin kee qunnamtii saalaa siin ala godhe/goote jraate, yoo ati dhugaafi beekte ykn hin beekne, ati ilaalcha HIV godhachu qabda.
- Yoo ati waldhaansa ilkaani ykn baqaqsani hoodhu qaamaa biya biraati godhatteta ta'e, akka tasaa hin danda'amu ta'a meeshaa dhigni nama bira irra jiru qulqulleesuf sii irrati fayadamu dura.
- Ilalchii 'HIV' tokkoo boqoonnaa sammuu siif laata. Karaa tokkicha kana duwwaa dha dhugaa dhaf 'HIV' qabaachuu kee kan itti beekuu dandeesu.

## 'HIV'n maalii dha?

'HIV in Raammoo Vayiresii dandeettii qaamni namaa dhukkuba ofiira eeguu dadhabuu dha. Inni 'virus'i 'AIDS' fidu dha. Yeroo booda, 'HIV'n suuta dandeettii qaamni dhukuba ofiirra waraanu dadhabsa. 'HIV'n akka dhukkubii (infection) fi kanseeroon adda addaa laayyoon kan nama fayyaa irra jiraachu hin malle sii qabaan taasiisa.kan nama fayyaa irra jiraachu hin malle. 'HIV'n lubbu dhaaf sodachiisaa dha.

## Akkamiin 'hiv'n nama irraa namatti darbaa?

'HIV'n karaa ba'e tamsa'u danda'a.

- koondoma malee qunnamtii saalaa gochuu.
- Meeshaa ittin draaga(drug) waraannatan hirmaachuu
- Dhiiga nama biraa fudhachu dhaan
- Billiitii (qaamaa keessa kanuma ta'e) ormaa jijirrachu
- Milaacii/qarabaa, riigaa ilkaani, lilmoo tumsiisaa ykn meesha biraa kan dhiigni nama biraa irra jiru hirmaachuu
- Yoo haati HIV qabaatte, mucaa isheeti darbu ni danda'a, da'umsa irrati ykn harma hoosiisun

## 'AIDS' n maali dha?

Acquired Immune Deficiency Syndrome (AIDS)n sadarkaa boodaa dhukkuba 'HIV' taha. dha. Yoo namnii tokko 'AIDS'i qabaatee kana jechuun 'HIV'n balleesaa guddaa adeemsa siisteema tikee qaamaa(system)irraan ga'eera jechu dha.

## Ati 'HIV' hin argattu kana irraa:

- Harka nama fuudhuun qabu
- Haammachu
- Dhungachu
- Meeshaa nyaataa tokkoon fayyadamuun
- Qodaa ittin nyaatan hirmaachu
- Nyaata ykn waan biraa nama AIDS/HIV qabun tuqame
- Booke dhan nyaatamu
- Ta'umsa mana findhiqannaa
- Teesumma mana finccaanitiin

***Ati 'HIV' qabaatte waggaa baa'e dhaf siitti dhagahamu dhiisu ni mala.***

## 'HIV'n akkamiin ofiira egamuu danda'a?

Kan tarra'ani kana keessaa haalaa keef kan sirri ta'e filachuu ni dandeessa.

- Qunnamtii saalaa ala ta'u
- Yoo qunnamtii saalaa karaa fuchii (muxxe) ykn hudduu(munnee) goote kondooma 'latex' ykn 'polyurethane' fayyadami. Kuni HIV, Hepatitis B, fi dhukuboota biraa qunnamtii saalaa dhan dadarban irra sii eguu danda'a.
- Qunnamtii saalaa nama tokko qofa kan HIV hin qabne, sii qofaa waliin kan qunnamtii saalaa godhu waliin godhi, Yoo namiichi ati qunnamtii saalaa gootu HIV qabaate yeroo hunda kondoma fayyadami.
- Yoo ulfa taatee 'HIV' qabaatte, qorchii (dawaan) ati fudhachu dandeesu jira mucaa kee virus irra eeguu akka dandeesuf
- Gonkumaa meshaa ittiin draaga waraanatan hin hirmaatin.

# Maaliif ilaalchi HIV SIIF akka barbaachisaa ta'e - itti fufa

## Maalii egun danda'a yoon ilalcha 'HIV' godhadhe?

Doktooriin kee ykn gorsaan ilalchaa tokko waa'e ilalchiicha fi ilaalcha booda maali akka ta'u siti hima. Isaan ilalchaaf dhiiga kee fuudhu. Altokko tokko deebii isaa guyyuma sana argachuu dandeessa. Garuu yeroo ba'e guyyaa 7 hanga 10 fudhata. Atii deebii ilalchaa argaachuf. kilinikii deebiite dhaquu malta. ta'a deebii ilalchaa argaachuf.

Namoonni tokko tokko yaaddoo qabu waa'e ceerii(saalfi) 'HIV' fi AIDSn wali qabate jiruf. Isaani ni yaadda'u yoo namoon bira akka issan ilalcha 'HIV' godhatan ykn akka issaan 'HIV' qaban akka hin barref. Yoo kun sii yaaddesse, doktoora kee ykn gorsaa ilalchaa kee gaafadhu ibsa iciitin kee itti egamu. Ilalchi kee fi debiin isa ichiitii dha. Sii fi doktoora kee ykn gorsaa ilalchaa qofaatu beeka deebi ilalchaa kana. Ati deebii kee kana doktoora kee fi gorsaa ilalchaa waliin mari'achu ni dandeessa; yoo dhukkuba qabaattes hin qabaanes. Isaan akkasumas gargaarsa fi deggeersa ati barbaadu maltu akka argattu sii gargaaru.

## Yoo deebin ilaalcha koo 'positive' ta'e maaltu ta'a?

Yoo deebin ilalcha kee 'positive' ta'e kana jechuun ati 'HIV' qabda jechu dha. Fayyan fii yeroo dheeraaf jirachuuf wanni ati godhu dandeetuu baayyeen ni jira. Sadarkaan tokkoffan doktora waa'ee HIV fii AIDS muxxanno qabu quunnamuu. Doktorii kun fayya kee madaaluun wa'ee qoricha barbbaachisa aka ati bartu si gargaara. Waan ba'etu jiru fayyaa fi yeroo dheera akka jiraattuf kan ati gochuu qabdu. Sadarkaan jalqabaa doktoora dhukkubsatoota 'HIV' fi AIDS qaban waldhaanuti muxanno qabu argu dha. Doktoori kun fayyaa kee ilaalee akkasumas qorichoota (dawwaale) 'HIV' waldhaansaf jiran akka ati hubattu sii gargaara.

Yoo dhumale qoriichi 'HIV' fayyisu hin jiraanne, dawwalee haaroon fayyaa fi sadarkaa jirenyaa namota 'HIV' ykn 'AIDS' qabanii ba'e foyyesaniiru.

## Namoonni ani qunnamtii saalaa waliin qabaataa ture wo?

Ilalchii 'HIV' kee sii duwwaa ilala. Inni waa'e niitii (hadha-manaa), dhirsa (abba-manaa), sanyoo kee ykn abba-ta'e siiti hin himu. Namooni kun 'HIV' qabaachuu malu issani kan issani baru danda'ani ofi isanif yoo ilalcha 'HIV' godhan qofa dha.

Isteeta Washington keessati prograamota baa'etu jiru kan gati waldaansaa haguugan (baasan). Yoo ati waa'e egumsa fayyaa gati xinno ykn tolaa namoota HIV ykn AIDSi qabaniif baru barbaaddee, doktoora kee waliin dubbadhu ykn:

***HIV/STD Program***

Argaachu danda'uf kan sii irra jiru:

- 'HIV' ykn 'AIDS' qabaachuiu
- Washington keessa jiraachuu
- Galii xiqqaa (gadii) qabaachuu

Odefaanno caalaa dhaaf waamii **(206) 296-4649 dhaan**

## Ilaalcha 'HIV' essattani godhachuu danda'a?

Ilalchii iciitii dha. (sii fi kilinika qofatu beeku danda'a waa'e ilalcha kee) ykn ofi beeksiisu dhiisu (maqaa kee is siirri fayyadamu dhiisu filachu ni dandeesa)

**Waamii (206) 296-4649**

Kiliniikiin 'Public Health STD' (dhukkuba qunnamtii saalaan darbu) kan 'Harborview Medical Center' jiru iciitii fi itu ofi hin beeksisiin ilalcha 'HIV' gati sadarkaa gali gadii (xiqqa) dhan ni laata. Waamii **(206) 744-3590** waa'e deddebi'ani ilaalamu baruuf ykn baallamama qabachuf.
Yoo turjumaana barbaadde yoo xiqqaatte guyyaa tokko ballama kee dura kiliinika beksiisu qabda.

Ati akkasumas doktoora kee ykn kiliniika fayyaa bira ilalcha 'HIV' argaachu ni malta. Gatiin adda addumaa ni qabaata.

**Waa'e gaafilee bira 'HIV' ykn ilalcha 'HIV'f Waamaa:**
**HIV/STD Program**
**(206) 296-4649**

**www.kingcounty.gov/health/hiv**

Public Health
Seattle & King County

Haalaa filannoo adda addaan ni argama.